**MOO’ICHI JALQABAA SODAA OFII KEESSAA MOO’ACHUU DHA!**

Dhufne Nus Irraa

Namnis akka dhuunfaatti hawwaasnis akka hawaasaati, biyyis akka biyyaatti soda ni qaba , kun immoo milkaa’ina yaade biraan tasuma isa hin geesisu, ykn ijjifannoo barbaade hin gonfatu!

Kayyoon waraaqsa ilmaan oromoo jarraa kan lakkoofsise, wareegame hedduu kan nurraan dhalootarraan gahe , kaayyoo tokkoo qabatee, galma tokkoof wal’aansoo diina keessaa fi alaa akkasumas wal’ansoo sammuu isaa waliin qabaa turee ammas qabaa jira.kayyoon guddaan kun abjuun bara dheeraa **BILISUMMAA OROMIYAATI**!

Namni kamiyyuu maaliif bilisummaan fagaatte jechuun waan hin ollee, gaaffiin deebi’uu qabu garuu haga bilisummaan arsaa gaafatu namni oromo ta’e marti kafaleeraa? moo afaanumaan abjuudhumaan haasa’a oola laata? Yeroo ammaas kan darbe dhiisnee **sodaa fi dogogora** qabnu sirreesine injifannoof warraaqaa jiraa? qabsaa’aa jirraa? kanneen amma ibse keessaa SODAA ishee jettu ibsuun yaala. Sodaan jiraanaan milkaa’uun tasuma walgowwomsuudha, sodaa niqabna kanaafis injifannoo argachuu dadhabne! sodaan kun maali, marraa madde, akkamitti balessuu dandeenya , akkamti goota taanee biyya keenya oolfanna? Dabeessa diinaaf ergamu ,obbolessa isaa dabarsee laatu fi ajjeesaa jirus akkamitti namummaa isaatti deebisna, sodaataa sodaan dhuunfate mallattoon isaa ,amalli isaa maali? kanneen kanaaf deebii laachuun yaala!

Moo’ichi jalqabaa ufirraa eegala? sammuu ufii sodaa hadhooftuu du’aa irraa bilisa taasisuu dha!

1. **Amala nama sodaatuu ( Dabeessaa)**
    1. Ejennoo , kaayyoo dhaabata hin qabu,kanas sanas fakkaata, walaan lammii dha, burjaajja’aa dha.
    2. Halaagaa firoomsachuu jaalata, firri isaaf halagaadha, sodaa isaa irraan kan ka’e halaagaa jala sirba, akka opdo wayyaanee jalaa firfaarii xuuxatu!
    3. Murtoo dabarsuu hin danda’u, dhugan dhugaa ,sobaan immo soba hin jedhu ! haala ilaalata.
    4. Arabni isaa sobaan guutamti, amala hoollannaa naasuu qabaata, ariiffannaan irraa mul’ata, onneen hin tasgaba’u, boqonnaa hin qabu, jooruu baay’isa.
    5. Qophaa taa’uu, deemuu,nyaachuu filata, sodaa irraan kan ka’e nama kamiyyuu hin amanu, namnis amala isaa irratti baree waan isa tuffatu ta’ee itti dhagahama.haalaan waakkata,kan hin jirre odeessa.
    6. Waa’een maalummaa isaa, saba isaa, maatii isaa sammuu keessa hin qabu, kayyoo dhaabata waan hin qabneef , itti gafatamummaan itti hin dhagahamu.
    7. Dabeessi, keenya kan jedhu hin beeku, ofittuumma qofaan jaanja’a jiraata.saba keenya, qabeenya keenya, lammi keenya, biyya keenya waan jedhu hin beeku.
2. **Madda sodaa!**

Sodaan kan nama ajjeesu, kan biyya ajjesu, kan lammi salphisu erga ta’ee maddi sodaa maali? namni kamiyyuu jireenya isaa keessatti milkaa’uuf , kayyoo jalqabame galmaan gahuuf madda sodaa kanaan of qoree ilaale, sababa kanneen ballessuu qaba.

1. **Wallaalummaa**, sodaachuun miidhaa maali akka qabu beekuu dhiisuu, akkasumas sodaan biyyaaf, sabaaf dhibe guddaa akka ta'eef bu'aan sodaa, tuffatamuu, saamamuu,ajjeefamuu, biyyaa bafamuu, akka ta'ee beekuu dhabuudha.
2. **Ofitti amanamummaa hir'achuu ykn dhabuu (self confedence)**

Maalummaa ofii ijaaruun ,seenaa ofii beekuu, lammi ofii beekuu, aadaa ofii beekuu fi kkf dha. "Believe in yourself ! Have faith in your abilities! Without a humble but reasonable confidence in your own powers you cannot be successful or happy. http://www.brainyquote.com/quotes/keywords/confidence.html#pA1EQacMHcDvaFhM.99

3. **Yaada qajeelaa (positive thinker) dhabuu**, nama mul'ata hin qabne ta'uu, 'Empty pockets never held anyone back. Only empty heads and empty hearts can do'
4. **Haalaan of jalachuu (selfishness)**

Biyyaaf yaaduurra ofii yaaduu, isatti tollaan haadha isaaf illee kan hin gaddine, warri kun warra saba keenya dabarsee gurgurateefi gurgurachaa jirudha.

5. **Seenaa walaaluu**, maal akka ture , eessaa akka waan tokko eegale,maaliif eegaleef essatti xiyyeefacha jira waan jedhu walaaluu.Fkn, oromoon maal akka taane, seenaa boonsaafi biyya keenya kan dhuunfaan qabaachaa, sirna gadaan of bulchaa turuu abbootii keenyaa wallalluun , madda sodaa ta'uu danda'a. kanaaf dhimmoota kana haalaan qorachuun beekuu dha.
6. **Itti gaafatamummaa dhabuu**, 'lack of responsibility' dhaloonni kamiiyyuu itti gaafatamummaa qaba, biyya isaa eeguuf, ofiifi afaan ,adaa, biyyaa fi daangaa isaa kabachiisuuf itti gaafatamummaa guddaa qaba.

**3. <u>Nama hin sodaannee fi milkaa'ina isaa</u>**

Namni hin sodaanne, sodaa mataa isaa moo'ate,injifannnoowwan kanneen galmeessuu danda'a. namni ,sabni hin sodaanne:-

1. Haala kam keessattu ni milkaa'a, kayyoo baheefi galmaan gahuun ijifannoo hawwe ni gonfata!
2. Namni kamiyyuu ,diinni isaa ni isa sodaata, ni isa kabajaa!
3. Iddoo guddaa fi taayitaa, guddaaf kaadhimama, sababiin isaas, ofitti amanaummaa fi seenaa isaa waan beekuuf.
4. Seenaa dalagee barootaaf, onnee sabaafi hiriyyoota isaa keessaa hin dagatamu!
5. Dhiimma maalummaa isaafi biyya isaaf lubbuu isaa wareega, diinaaf haala kami keessattu hin jilbeefatu!
6. Faayidaa yeroofi dhuunfaaf jedhee dhaloota,biyyaa, hiriyaa dabarsee hin laatu!

Egaa injifannoon sodaa of keessaa moo'achuu irraa eegalti! of irratti hojjechuun barbaachisaadha! namni kamiyyuu goota ta'uu ni danda'a!

**GOOTOTA KEENYAA KABAJNIIFI ULFINNI HAATA"U< QEERROO BIYYA KEESSAA DIINAAN RAASAA JIRUUFIS GALANNI HAATA"U**

**<u>OROMIYAAN ILMAAN ISHEEN NI BILISOOMTI</u>!**